Tukaana Ofirraa Yaa Ittisnu !

Gabaabatti:

- Tukaanni siree bocaa fi hanaga adda addaa qabu
- Tukaanni siree ilbisota xixxiqqoo hanaga sanyii poomii kan geessu dha.
- Tukaana siree iddoo garaa garaa barbaadi.
- Tukaana siree ilbiisa halkan nama nyaatani dha yeroo tokko tokko garuu guyyaas nama nyaachuu danda'u.
- Tukaana siree arguu koo akkamitiinan gabaasa
- Tukaana siree yoon arge maal gochuun qaba

Odeeffannoo dabalataaf: sarara odeeffannoo tukaana siree qunnamaa: 612-624-2200, 1-855-644-2200 bedbugs@umn.edu, yookin laaluu www.bedbugs.umn.edu

Tukaana Siree Argeeraa?

Tukaanni siree ilbiisota warra kaan wajjin wal fakkataniif adda baasun ulfaataadha. Hangi qaama isaaniis umirii fi yeroo nyaatan irratti hundaa'un ni jijjiirama.

Tukaanni siree ga'eessi isaa bifa diimaa magaala kan qabu ta'e iinchii ¼ hanga 3/8 dheerata, baladhinni isaanii dheerina isaanii irratti kan hundaa'u ta'a. Hanaga firii poomii ga'u. Tukaanni reefu uumamtu xiqqaa fi ijaan illee arguuf rakkisaa dha.

Tukaanni siree laboobbaa hin qaban kanaafuu barrisuu hin danda'an. Tukaanni sireeasii olii fid alga sirriittii fiiguu danda'u.

Tukaanni siree yeroo dhihootti nyaata kan hin arganne yoo ta'e haphii fi dheeraa dha. Tukaanni siree erga dhiiga xuuxee booda ni bokoka, ni dheerata bifti isaas diimaa ta'a.

Naannoon sun yoo tukaan weerarame gogaasaa ni argita. Gogaan tukaana siree duwwaa fi ilmoon tukaana siree yerookeessa ba'u kan lafatti hafu dha. Gogaan kun kan ifuu fi boca tukaana siree kan qabu dha.

Tukaanni siree kan isaan mul'atan halkan yoo ta'u, darbee guyyaas mul'achuu ni danda'a. Namoonni siree isaaniirra guyyaa yoo boqochuuf ciisan tukaanni siree illeeba'auun nama nyata. Tukaanni siree naannoo sana baay'inaan jiru yoo ta'ee wayitii guyyaa illee argamuu ni danda'u. Ilmoon simbirroo halkaniis nannoo sanatti argamuu ni dandeessi. Tukaana siree fi ilmoo simbira halkanii gargar baafachuuf ogeessa dubbisuun barbaachisaa dha.

Hanqaaquu tukaana siree yoo argite boorsaa pilaastikii keessa gochuun gara ogeessa to'ataa ilbiisotaa fiduun baruun ni danda'ama.

Yoo ogeessichi gargar baasuu dadhabe hanqaaquu sana gara teessoo armaan gadiitti ergaa:

Bed Bug *InformationLine*
Rm 219 Hodson Hall
1980 Folwell Ave
St. Paul, MN 55108

Yoo tukaana argite yoomii fi eessatti akka argite gabaasi. Kun immoo ogeessi to'annaa ilbiisotaa saphaatti akka sakata'uuf isa gargaara.

Kan fooyya'e, Caamsaa 27, 2014

Kan Qophaasse Amaliyaa Shindelalii fi Dr. Steefan Keellas 2011
Kan gargaarsi godhameef duula "Tukaana yaa Balleessinu" jedhuuf yoo ta'u, dhaabbileen gargaarsa taasisan immoo Egensii Ittisa Naannoo Yuunaytid Steetsi fi MDA dha. Dabalataanis Muummee Fayyaa Minnisootaa galateeffachuu barbaanna.

Akka seera namoota qaama hir'uu Ameerikaatti, odeeffannoowwan kun lakkoofsa bilbilaa 651/201-6000 kanaan yoo bilbiltan argachuu ni dandeessu. Namoonni TTY fayyadamtan immoo tajaajila Relay Miniisootaa karaa lakkoofsa bilbilaa 711 yookiin 1-800-627-3529 argachuu ni dandeessu.
Universitii Miinisootaa fi MDA dhaabilee carraa barnootaa fi hojii loogii malee kenanni dha.

MINNESOTA DEPARTMENT OF AGRICULTURE
www.mda.state.mn.us

UNIVERSITY OF MINNESOTA EXTENSION